


Boqonnaa

4



SEENSA

FIRAAKSHINOOTAA

## 4.1 KEESSA DEEBII WALAKKAAWWANII, KURMAANOTAA FI SIISOOWWANII




### GOCHA 4.1

- Burtukaana tokko iddoo walqixa lamatti qooduun isa tokko yoo nyaatte harka meeqatu hafa?
- Kurmaanni harka meeqa? Siisoo hoo?




**Hubadhu**

- *Walakkaan kan argamu waan guutuun tokko bakka walqixa lamatti yoo qoodame dha.*
- *Siisoo kan argannu waan guutuu tokko bakka walqixa sadiitti yoo qoodne dha.*
- *Kurmaana kan argannu waan guutuu tokko bakka walqixa afuritti yoo qoodne dha.*


## Fakkeenya 1

a	Kan dibame walakkaa dha.	
b	Kan dibame kurmaana dha.	
c	Kan dibame siisoo dha.	

### GOCHA 4.2


1		2		3	
	Kurmaana dibi		Walakkaa dibi		Siisoo dibi

## Fakkeenya 2



Kurmaanonni 2

=



Walakkaa 1

Kurmaana + Kurmaana = Walakkaa

### GILGAALA 4.1

1 *Kanneen armaan gadii furi.*

a Kurmaana + Kurmaana + Kurmaana + Kurmaana = \_\_\_\_\_


b Siisoo + Siisoo + Siisoo = \_\_\_\_\_

2 *Kanneen armaan gadii hir'isi.*

a Guutuu – Siisoo 2 = Siisoo      b Guutuu – Walakkaa = \_\_\_\_\_

c Walakkaa – Kurmaana = \_\_\_\_\_      d Guutuu – Kurmaanota 3 = \_\_\_\_\_

3 Danaalee armaan gadii irratti hamma jalatti barreeffame dibi.



4 Himoota armaan gadii “< ” yookiin “= ” yookiin “>” bakka duwwatti barreessuun dhugoomsi.

a Walakkaa \_\_\_\_\_ Guutuu      b Kurmaana \_\_\_\_\_ Siisoo

c Siisoo \_\_\_\_\_ Walakkaa      d Kurmaana \_\_\_\_\_ Walakkaa

e Guutuu \_\_\_\_\_ Siisoo      f Kurmaana \_\_\_\_\_ Guutuu

## 4.2 GUUTUUWWANII FI FIRAASHINOOTAA MALLATTOOLEEN




### GOCHA 4.3

a Walakkaawwan 2 guutuu meeqa ta'a?

b Siisoo 3 guutuu meeqa ta'a?

c Kurmaanonna 4 guutuu meeqa ta'a? Gareedhaan irratti mar'adhaa.

## Fakkeenya 3

a	b	c
		
Kan dibame = $\frac{1}{4}$	Kan dibame = $\frac{3}{4}$	Kan dibame = $\frac{1}{2}$

## Hubadhu

- Walakkkaan yommuu mallattoon barreeffamu  $\frac{1}{2}$  ta'a.
- Siisoon yommuu mallattoon barreeffamu  $\frac{1}{3}$  ta'a.
- Kurmaanni yommuu mallattoon barreeffamu  $\frac{1}{4}$  ta'a.
- Siisoowan 2 yommuu mallattoon barreeffamu  $\frac{2}{3}$  ta'u.
- Kurmaanonna 3 yommuu mallattoon barreeffamu  $\frac{3}{4}$  ta'u.

### GILGAALA 4.2

- 1 Kurmaanota 2 mallattoon barreessi.
- 2 Guutuu tokko keessa  $\frac{1}{2}$  meeqatu jira?
- 3 Guutuu tokko keessa  $\frac{1}{3}$  meeqatu jira?
- 4 Guutuu tokko keessa  $\frac{1}{4}$  meeqatu jira?
- 5 Danaa geengoo 3 ijaaruun isa tokkoffaa bakka walqixa 2tti, isa lammaffaa bakka walqixa 3tti fi isa sadaffaa bakka walqixa 4tti qooduun agarsiisi.